Imaammata Gargaarsa Maallaqaa Tajaajiloota Hospitaala Northern Light Health (6/26/2026)

HIIKOO

Hamma Kaffaltii Yeroo Baay'ee Gaafatamu (AGB): Hamma kaffaltii yeroo baay'ee namoota inshuraansin isaanii tajaajila yaala yeroo muddamaa yookin tajaajila yaalaa barbaachisaa uwwisuuf gaafatamu. Northern Light Health hospitaalota Dhaabbata Miseensaa ta'an tokkoon tokkoon isaatif AGB waggaa waggaadhan shallaga. **Northern Light Health akkaataa hospitaalonni Dhaabbata Miseensaa tokkoon tokkoon isaanii murteessanitti, AGB shallaguuf mala kan darbe ilaaluu (look-back method) ykn mala kan gara fuulduraa ilaaluu (prospective method) fayyadamuu danda'a.**

- Mala kan darbe ilaaluu (look-back) jalatti, Northern Light Health AGB kan shallagu, kaffaltiiwwan dimshaasha hospitaalli Dhaabbata Miseensaa sun waggaa baajataa darbe keessatti sagantaawwan daldalaa fi Medicare hunda irraa argate fuudhee, dimshaashicha kaffaltiiwwan dimshaasha hospitaalichi tajaajiloota sagantaawwan daldalaa fi Medicare sana keessatti fayyadamtootaaf kennamaniif kaffalchiisuf hiruudhani.
- Mala kan gara fuulduraa ilaaluu (prospective method) jalatti, Northern Light Health AGB kan murteessu, koodii fi adeemsa kaffaltii gaafachuu hospitaalichi osoo dhukkubsataan kun fayyadamaa Medicare ykn Medicaid ta'ee jiraate fayyadamuu danda'u gargaaramee, tajaajila fayyaa muddamaa ykn tajaajila fayyaa barbaachisaa kaanif Medicare fee-for-service ykn Medicaid hammam akka eeyyamu shallaguudhani. Maallaqni AGB mala kana jalatti kaffaltii inshuraansichaa fi dirqama dhukkubsataan qooddatu, kanneen akka kaffaltii dura kaffalamu (deductibles), kaffaltii inshuraansii waliin qooddatan (coinsurance), fi kaffaltii dhaabbataa kaffalamu (copayments), of keessatti qabata.
- Akkaataa Northern Light Health AGB itti shallagu, akkasumas AGB hospitaala Miseensa Dhaabbata Northern Light Health ta'e tokkoof hojjetu ilaalchisee ibsi barreeffamaa bilisa ta'e gaaffii dhiheessudhaan ykn marsariitii http://northernlighthealth.org/billing-help daawwachuun argamu danda'a.

Waqtii Iyyataa: Yeroo Northern Light Health iyyata Gargaarsa Maallaqaa itti fudhatuu fi itti adeemsisudha. Waqtiin iyyataa guyyaa hospitaalli Miseensa Dhaabbata Northern Light Health ta'e tokko dhukkubsataaf tajaajila kenneef irraa kan eegalu yoo ta'u, guyyaa ibsi herreegaa kaffaltii erga hospitaala gad-lakkisanii booda kennamu inni jalqabaa kennamee irraa eegalee guyyaa 240 ffaa irratti xumuura.

Wal'aansa Faayaa Filatamaa: CMS Maanuwaalii Hospitaala Medicare, Kutaa 250.11. Wal'aansi faayaa, yoo miidhaa tasaa hatattamaan (jechuunis, yeroo fayyaadhaf barbaachisaa ta'utti) suphuuf ykn kutaa qaama-hir'uu fooyyessuuf barbaachisaa ta'etti malee, adeemsa wal'aansaa bifa fooyyessuuf godhamu kamiyyuu of keessatti qabata.

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

Tajaajilli fayyaa muddamaa:

- Namni tokko Kutaa Fayyaa Muddamaa (“ED”) dhufee dhibee fayyaa kamiyyuu irratti qorannoo ykn yaala gaafachuu; ykn
- Dhukkubsataan kutaa ykn wiirtuu yaalaa (maqaa, mallattoolee fannifamaniin, beeksisawwan, ykn karaa biroo kamiinuu) uummataaf bakka tajaajila fayyaa muddamaa itti kennamu jedhamee beekamuufi, dursee beellama qabachuu hin barbaachisnetti wal'aansa argata (fkn, bufata fayyaa ariifataa, kutaa deessisuu hospitaalan alaa, kkf).

Tarkaanfiiwwan Addaa Liqii Sassaabuu (ECAs): Tarkaanfiiwwan armaan gadii nama dhuunfaa tokko irratti, yookaan nama biroo kaffaltii hospitaalaa Dhaabbata Miseensaa nama sanaaf fudhachuu irratti itti gaafatamummaa fudhate yookaan fudhachuun irraa eegamu irratti, kaffaltii tajaajila Imaammata Gargaarsa Maallaqaa (FAP) kana jalatti haguugameef kaffalamu walitti qabuuf fudhatamanidha: (i) liqii nama tokkoo qaama sadaffaatti gurguruu; (ii) odeeffannoo miidhaa nama sanaa gabaastuuwwan odeeffannoo liqii ykn biiroolee liqiitti gabaasuu; fi (iii) tarkaanfiiwwan adeemsa seeraa ykn abbaa seeraa gaafatan (fakkeenyaaf, qabeenya nama tokkoo irratti qabiyyee seeraa kaa'uu, qabeenya nama tokkoo irratti seeraan darbanii qabachuu, ykn mindaa nama tokkoo irraa hir'isuun liqii kaffaluu).

Tarkaanfiiwwan Addaa Liqii Sassaabuu (ECAs)**, qabiyyee seeraa hospitaala Dhaabbata Miseensaa qabeenya dhukkubsataa irratti kaa'un, kaffaltiiwwan waliigaltee, murtii, ykn araaraa kanneen dhukkubsataan qaama sadaffaa miidhaa isaa geessise irratti himata dhiyeesse irraa argaman argachuuf taasifamu hin dabalatu.**

Akkasumas Tarkaanfiiwwan Addaa Liqii Sassaabuu (ECAs) **gurgurtaa liqii nama tokkoo hospitaala Dhaabbata Miseensaa irraa gara qaama biraatti taasifamu hin dabalatu, yoo gurgurtaa sana dura hospitaalli Dhaabbata Miseensaa sun qaama liqicha bitu waliin waliigaltee barreeffamaa seeran dirqisiisaa ta'e kan haalota afur qabu mallatteesse:**

1. qaamni liqicha bitu kaffaltii liqichaa argachuuf tarkaanfii ECAs kamiyyuu akka hin fudhanne waliigaluu qaba;
2. qaamni liqicha bitu yeroo liqichi gurguramutti dhala liqichaa irratti safartuu dhalaa Kutaa 6621(a)(2) jalatti hojii irra ture caalaa kaffalchiisuu akka hin dandeenye walii galuu qaba; (ykn yoo safartuun dhalaa biraa beeksisa ykn qajeelfama Internal Revenue Bulletin keessatti maxxanfameen murtaa'e, safartuu sana caalchisuu hin danda'u);
3. Yoo hospitaalli Dhaabbata Miseensaa ykn qaamni liqicha bitu namni sun FAP jalatti ulaagaa kan guute ta'uu isaa murteesse, liqichi hospitaalli Dhaabbata Miseensaa akka deebifachiisuu yookaan deebisee fudhachuu danda'u ta'uu qaba.
4. yoo namni sun ulaagaa FAP kan guutu ta'uun isaa mirkanaa'ee fi liqichi gara hospitaala Dhaabbata Miseensatti yoo hin deebifamne ykn hin waamamne, qaamni liqicha bitu adeemsa waliigaltee keessatti ibsame hordofuu qaba; adeemsi kunis namni sun kaffaltii bituu fi hospitaala Dhaabbata Miseensaa walitti ida'amee kaffaltii inni akka nama ulaagaalee FAP guuteetti dhuunfadhaan kaffaluu qabu irra akka hin caalle mirkaneessuu qaba.

Akkasumas ECAs**himata adeemsa kasaruu maallaqaa (bankruptcy) keessatti dhiyeessuu** hin dabalatu.

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

Maatii: Maatin garee namoota lama ykn isaa ol, dhalootan, gaa'elaan, ykn guddifannaadhan walitti dhufeenya qaban, waliin jiraatanii fi gidduu isaanii dirqamni seeraa gargaarsaa jiru dha; namoonni walitti dhufeenya qaban hundi maatii tokko ta'anii ilaalamu.
Galii Maatii: Mindaa waliigalaa (gibira dura), mindaa hojii, qooda bu'aa, dhala, faayidaawwan Wabii Nageenyaa (Social Security), beenyaa hojjettootaa, faayidaawwan miseensota waraanaa duraanii, durgoo leenjii, kaffaltii mootummaa waraanaa irraa yeroo yerootti ramadamu, deeggarsa maallaqaa yeroo yerootti miseensota maatii mana tokko keessa hin jiraanne irraa argamu, soorama mootummaa, sooruma dhuunfaa, galii inshuraansii kamiyyuu, kaffaltiiwwan waggaa, galii kiraa, galii mirga fayyadama hojii kalaqaa, qabeenyaa, fi tirustii irraa argamu. Gosti galii hojii dhuunfaa ofii hundi keessatti ni hammatamu.
Namoota ulaagaalee FAP guutan: Nama imaammata FAP jalatti gargaarsa maallaqaa argachuuf ulaagaa guutu (namni sun FAP jalatti gargaarsa maallaqaa argachuuf iyyata galfatus dhiisus).
Sadarkaa Hiyyummaa Federaalaa (FPL): Qajeelfama galii Hiyyummaa Federaalaa kan Qajeelcha Fayyaa fi Tajaajila Hawaasaa Ameerikaatin murtaa'ee fi Federal Register irratti maxxanfame. Iyyata Gargaarsa Maallaqaa: Iyyata adeemsa Kutaa III imaammata kana keessatti ibsameen guutame.
Baasiwwan Guutuu: Gatii hospitaalli Dhaabbata Miseensaa murteessee fi yeroo hunda dhukkubsattoota hunda irratti walqixa hojiirra oolchu; kunis osoo hir'ifamoonni waliigaltee (contractual allowances), hir'inoonni gatii (discounts), yookaan hir'ifamoonni biroo (deductions) hin taasifamin dura jirudha.
Jiraataa Maine: Nama Isteetii Maine keessa jiraatu, achitti yeroo hin murtoofneef turuuf kaayyeffate; ykn hojii dhaabbataa, yeroo murtaa'aa, hojii yeroo waqtii, ykn hojii biraatin walqabatee isteetii sana seene; ykn hojii barbaadaa jiru. Jiraatan Maine nama yeroodhaaf akka turistiitti ykn daawwataatti isteeticha keessa jiru hin dabalatu.
Galii: Galii Waliigalaa Sirreeffamee Jijjiirrame (MAGI): Tooftaa herregaa galii waliigalaa akkaataa dambii 42 CFR 435.603(e) tin murtaa'een fayyadamuudhan, namni tokko tajaajila yaalaa bilisaa ykn gatii hir'ifame argachuuf ulaagaa guutuu fi dhiisuu isaa murteessuuf itti fayyadaman.

Ulaagaa guutuu danda'uun akka armaan gadiitti shallagamuu danda'a:

(1) Galii maatii dhukkubsataa baatii 3 ulaagaa guutuu fi dhiisuu murteessun dura ture 4'n baay'isuudhan; ykn

(2) Galii maatii dhukkubsataa dhugaa kan baatii 12 ulaagaa guutuu fi dhiisuu murteessuu dura ture fayyadamuudhan

Tajaajila Fayyaa Barbaachisaa: Tajaajiloota fayyaa ykn meeshaalee kan armaan gadii ta'anidha:

1. Ogeessa fayyaatin ajajamanii fi mallattoolee, qorannoo, ykn wal'aansa dhibee fayyaa qaamaa ykn sammuutif barbaachisaa ta'an;
2. Qorannoo ykn kunuunsa kallattii fi wal'aansa dhibee fayyaa qaamaa ykn sammuutif kennaman;
3. Sadarkaalee hojii fayyaa gaarii kan hawaasa fayyaa fi fayyaa sammuu naannichaa keessatti fudhatama qabu guutan;
4. Hunda dura kan mijina dhukkubsataa ykn qopheessaa tajaajilaa qofaaf hin taanee; fi

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

5. Sadarkaa ykn meeshaalee tajaajilaa kan haala nageenya qabuun kennamuu danda'an, ykn yoo barbaachise, akkaataa adeemsa fayyadamaa irratti hundaa'udhaan murtaa'an.

Galii Waliigalaa Sirreeffamee Jijjiirrame (MAGI): Tooftaa tajaajila bilisaa ykn hir'ifama argachuuf ulaagaa guutuu fi dhiisuu murteessuf galii waliigalaa shallaguuf itti fayyadamani.
Mana Maatii Baay'ee: Yoo mana keessa maatii tokkoo olii fi/ykn namoonni walitti dhufeenya hin qabne tokkoo ol jiraatan, qajeelfamni galii maatii tokkoon tokkoon isaaniif ykn namoota walitti dhufeenya hin qabneef adda bahee hojjetama malee, mana maatii waliigalaatif miti.

KAAYYOO

Imaammanni kun tajaajila yaalaa kaffaltii malee kennamu fi gatii hir'ifameen kennamu kan ilaallatu yoo ta'u, Northern Light Health tajaajila yaalaa qulqullina olaanaa qabu, gatii namni kaffaluu danda'uu fi haala itti gaafatamummaa faayinaansii qabuun dhugoomsu irratti kutannoo qabus ni deeggera. Gargaarsi maallaqaa kennamu kun, ergama, mul'ataa fi duudhaalee keenya dhugoomsuf kan walsimu, barbaachisaa fi murteessaa ta'edha.

IMAAMMATA

Fayyaa fi tasgabbii hawaasa tajaajilluu guddisuuf, namoonni inshuraansii hin qabne ykn inshuraansii gahaa hin qabne, kan qabeenya maallaqaa daangeeffame qaban, akkasumas sagantaalee gargaarsa adda addaa argachuuf ulaagaa hin guunne, akka Imaammata kana keessatti ibsameetti ulaagaalee murtaa'an irratti hundaa'un tajaajila yaalaa bilisaa ykn gatii hir'ifame argachuuf iyyachuu ni danda'u. Kaayyoon isaa gargaarsi maallaqaa namoota gargaarsa barbaadanii fi kaffaluuf dandeettii gadi aanaa qaban bira akka gahu mirkaneessuudha.

Northern Light Health imaammata adda ta'e kan kaffaltii ittiin gaafatuu fi sassaabu (System Policy 16-009, Billing and Collection for Northern Light Health Hospital Services) qaba, kunis yeroo kaffaltiin tajaajila yaalaa hin kaffalamne tarkaanfilee Northern Light Health fudhachuu danda'u ibsa.

I. **RAAWWATINSA**
   A. Imaammanni kun kanneen armaan gadii irratti raawwatinsa qabaata:
      1. Jiraattota Maine kanneen tajaajila fayyaa muddamaa fi tajaajila yaalaa barbaachisaa murtii ogeessa fayyaatin haala fayyaa irratti hundaa'udhaan haala maallaqaa dhukkubsataa ilaalcha keessa osoo hin galchin murtaa'u argatan akkasumas namoota ulaagaalee Kutaa II keessatti ibsaman guutan.
      2. Namoota, iddoo jiraatan osoo hin ilaalin, tajaajila fayyaa muddamaa barbaadan, akkasumas ulaagaalee Kutaa II keessatti ibsaman guutan.

   B. Gargaarsi Maallaqaa kanneen armaan gadii hin raawwatu:
      1. Inshuraansii fayyaa hin kennu;
      2. Inshuraansii fayyaa bakka bu'uun ykn itti dabalataan hin hojjetu;
      3. Faayidaalee argachuu irrati wabii hin kennu;

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

4. Dhiheessitoota fayyaa qaama Northern Light Health hin taane (qaama sadaffaa) hin uwwisu;
5. Kaffaltiiwwan xiqqaa murtaa'an (copayments) kan qajeelfamaan dirqama ta'an ykn sababoota yaalaa irraa kan ka'an akka hin kaffalamne hin dhorku (fkf, sagantaa ittisa miidhaa maatii raawwataa fi sagantaa yaalaa narkootiksii);
6. Wal'aansa Faayaa Filatamaa hin uwwisu.

II. ULAAGAA TAJAAJILA BILISAA YKN GATII HIR'IFAMEE ARGACHUU

A. Iddoowwan NHSC Hojii irra jiran[1] (Hospitaalota Bakka Murteessaa (CAH) fi Kilinikoota Fayyaa Baadiyyaa (RHC) ramadaman)

i. Gargaarsa Maallaqaa Tajaajila Fayyaa Barbaachisaa jiraattota Maine kanneen armaan gadii guutaniif dhihaata:
- inshuraansii fayyaa hin qabne ykn kan inshuraansin isaanii baasii sana keessaa hamma ta'e qofa uwwisu qaban akkasumas
- Ulaagaalee galii armaan gadiitti kaa'aman kan guutan.

ii. Gargaarsa Maallaqaa Tajaajila Fayyaa Muddamaa jijiraattota Maine fi namoota jiraattota Maine hin taane kanneen qabxiilee armaan gadii guutaniif dhihaata:
- inshuraansii fayyaa hin qabne ykn kan inshuraansin isaanii baasii sana keessaa hamma ta'e qofa uwwisu qaban; akkasumas
- Ulaagaalee galii armaan gadiitti kaa'aman kan guutan.

Hospitaalonni Dhaabbata Miseensa Northern Light Health, ulaagaalee armaan gaditti ibsaman irratti hundaa'udhaan gargaarsa maallaqaa 100%/ tajaajila fayyaa bilisa kennu.
- Galiin waliigalaa tooftaa Modified Adjusted Gross Income (MAGI, Galii Waliigalaa Sirreeffamee Jijjiirame) fayyadamuun yeroo shallagamu, 200% FPL gadi ykn isaan walqixa ta'uu qaba; kunis erga raggaasifamee booda hojii irra oola.
- Dhukkubsataan Jiraataa Maine ta'uu qaba.
- Jiraataa Maine hin taane kan tajaajila fayyaa muddamaa barbaadu.
- Tajaajiloota ykn meeshaalee fayyaa kanneen barbaachisaa ta'aniif.

Hospitaalonni Dhaabbata Miseensaa Northern Light Health ulaagaalee armaan gaditti ibsaman irratti hundaa'udhaan, karoora kaffaltii ji'aa galii irratti hundaa'e ni dhiyeessu,

[1] National Health Service Corps (NHSC)ogeessota fayyaa ga'umsa qaban kan, kiliinikoota fayyaa baadiyaa fi hospitaalota tajaajila ariifataa murteessaa ta'e keessatti hojjetaniif, liqiitii kaffaluu irratti gargaarsa ni godha.

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

kunis akka ulaagaalee armaan gaditti ibsamaniin, kunis 4% galii ji'aa maatii dhukkubsataa keessaa kutaan seera Maine jalatti liqii kaffalchiisuuf qabamuu ykn mindaa irraa hir'ifamuu danda'u hin caalu:

- Galiin Waliigalaa 400% FPL hin caalle, tooftaa Galii Waliigalaa Sirreeffamee Jijjiirrame (MAGI) fayyadamuun kan shallagamu yoo ta'u raawwatinsi isaa raggasifamuu qaba.
- Dhukkubsataan Jiraataa Maine ta'uu qaba.
- Jiraataa Maine hin taane kan tajaajila fayyaa muddamaa barbaadu.
- Tajaajiloota ykn meeshaalee fayyaa kanneen barbaachisaa ta'aniif.

iii. Namni gargaarsa maallaqaa argachuuf ulaagaa guutu kamiyyuu, tajaajila fayyaa muddamaa ykn tajaajila fayyaa barbaachisaa ta'eef, kaffaltii AGB shallagame caalaa hin gaafatamu.
iv. Dhukkubsattoonni inshuraansii tajaajilaa / MaineCare fi/ykn carraawwan qaama sadaffaa argachuu danda'aniif akka iyyatan ni gargaaramu, ni jajjabeeffamus.

B. **Bakkeewwan Biroo Hunda**

i. Gargaarsa Maallaqaa <u>Tajaajila Fayyaa Barbaachisaa</u> jiraattota Maine kanneen armaan gadii guutaniif dhihaata:
   - inshuraansii fayyaa hin qabne ykn kan inshuraansin isaanii baasii sana keessaa hamma ta'e qofa uwwisu qaban;
     akkasumas
   - Ulaagaalee galii armaan gadiitti kaa'aman kan guutan.

ii. Gargaarsa Maallaqaa <u>Tajaajila fayyaa Muddamaa</u> jiraattota Maine <u>fi</u> namoota jiraattota Maine hin taane kanneen armaan gadii guutaniif dhihaata:
   - inshuraansii fayyaa hin qabne ykn kan inshuraansin isaanii baasii sana keessaa hamma ta'e qofa uwwisu qaban;
     akkasumas
   - Ulaagaalee galii armaan gadiitti kaa'aman kan guutan.

Hospitaalonni Dhaabbata Miseensa Northern Light Health, ulaagaalee armaan gaditti ibsaman irratti hundaa'udhaan gargaarsa maallaqaa 100%/tajaajila fayyaa bilisa kennu:

- Galiin waliigalaa tooftaa Modified Adjusted Gross Income (MAGI, Galii Waliigalaa Sirreeffamee Jijjiirame) fayyadamuun yeroo shallagamu, 200% FPL gadi ta'uu qaba; kunis erga raggaasifamee booda hojii irra oola
- Dhukkubsataan jiraataa Maine ta'uu qaba
- Jiraataa Maine kan hin taane, Tajaajila Fayyaa Muddamaa barbaadu
- Tajaajiloota ykn meeshaalee Wal'aansa Fayyaaf Barbaachisaa ta'aniif
- Maddoonni kaffaltoota qaama sadaffaa hundi qoratamanii jiru

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

Hospitaaloonni Dhaabbata Miseensa Northern Light Health, ulaagaalee armaan gadiitti ibsaman irratti hundaa'uun, kaffaltii ji'aa galiidhan murtaa'u (galii ji'aa namichaa 4% kan hin caalle) dhiyeessu:

- Galiin Waliigalaa 400% FPL hin caalle, tooftaa Galii Waliigalaa Sirreeffamee Jijjiirrame (MAGI) fayyadamuun kan shallagamu yoo ta'u raawwatinsi isaa raggaasifamuu qaba.
- Dhukkubsataan jiraataa Maine ta'uu qaba
- Jiraataa Maine kan hin taane, Tajaajila Fayyaa Muddamaa barbaadu
- Tajaajiloota ykn meeshaalee Wal'aansa Fayyaaf Barbaachisaa ta'aniif
- Maddootni kaffaltoota qaama sadaffaa hundi guututti fayyadamamaniiru.

iii. Namni gargaarsa maallaqaa argachuuf ulaagaa guutu kamiyyuu, tajaajila fayyaa muddamaa ykn tajaajila fayyaa barbaachisaa ta'eef, kaffaltii AGB shallagame caalaa hin gaafatamu.

ADEEMSA

I. **DHUKKUBSATTOOTA GARGAARSA ARGACHUUf GAHUMSA QABAACHUU DANDA'AN ADDAN BAASUU**

A. Yeroo danda'ametti, guyyaa tajaajilli dhukkubsataaf kennamu dura, hospitaalli Miseensa Dhaabbata Northern Light Health dhukkubsataa, qaama kaffaltii waadaa gale, fi/ykn bakka bu'aa seeraa isaa/ishii waliin af-gaaffii galuun dura ni taasisa. Af-gaaffin galuu taasifamu yeroo hin danda'amnetti, hospitaalli Dhaabbata Miseensa Northern Light Health beeksisa barreeffamaatin gargaarsi maallaqaa jiraachuu akka armaan gaditti ibsametti ni kenna:

a. **Tajaajila Ciibsanii Wal'aanuu** – beeksisni barreeffamaa yeroo galanitti, ykn yeroo galumsa muddamaatti immoo, osoo dhukkubsataa hospitaalaa hin baasin dura kennamuu qaba.

i. Yeroo tajaajila fayyaa muddamaatif galan, Northern Light Health filannoowwan kaffaltii madaaluu kan qabu, tajaajilli fayyaa barbaachisaa ta'e kennamee erga xumuramee booda.

b. **Tajaajila Alaa Deddebisanii Wal'aanuu** – beeksisni barreeffamaa yeroo tajaajilli kennamuu fi/ykn kaffaltii dhukkubsataa keessatti dabalamee kennamuu qaba.

1. Yeroo af-gaaffii jalqabaa dhukkubsataa waliin godhamutti, odeeffannoowwann armaan gadii walitti qabamuu qabu:
    a. Daataa dimogiraafiksii dhukkubsataa (demographic data) kan yeroo hundaa fi guutuu; akkasumas
    b. Odeeffannoo guutuu inshuraansii qaama sadaffaa jiru hunda ilaallatu.

B. Dhukkubsattoonni hundi carraa gargaarsa maallaqaa argachuuf iyyachuuf carraa ni argatu. Dhukkubsataan tokko erga hospitaalaa bahee booda gargaarsa maallaqaa yoo

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

gaafate, Bakka Bu'aan Herrega Dhukkubsataa unkaa Iyyataa Gargaarsa Maallaqaa interneetii irraa akka argatuu fi akka guutuf qajeelfama dhukkubsataadhaf/kunuunsituudhaf ni kenna.

a. Dhukkubsataan/kunuunsituun isaa interneetii akka hin qabne yoo ibse, ykn garagalcha unkaa yoo gaafate, Bakka Bu'aan Herrega Dhukkubsataa unkaa Iyyataa Gargaarsa Maallaqaa dhukkubsataa/kunuunsituudhaf akka guutuf poostadhaan ni erga.

C. Dhukkubsattoota gargaarsa argachuudhaf gahumsa qabaachuu danda'an adda baasun waqtii iyyataa keessatti yeroo kamiyyuu ta'uu danda'a.

D. Gorsitoonni maallaqaa sa'aatii hojii idilee keessatti tajaajilawwan armaan gadii kennuuf ni argamu:
   1. Maddoota kaffaltii danda'aman kanneen akka inshuraansii itti gaafatamummaa miidhaa ykn COBRA adda baasu.
   2. Dhukkubsattoonni sagantaalee gargaarsa isteetii, federaalaa ykn naannoo jalatti, tajaajila bilisaa hospitaala Dhaabbata Miseensaa argachuuf ulaagaa guutuu isaanii qorachuun calaluu.
   3. Dhukkubsattoota sagantaalee inshuraansii fayyaa federaalan ykn isteetiidhaan deeggaramanii fi sagantaalee tajaajila fayyaa bilisaa irratti iyyata isaanii akka dhiyeeffatan deeggaruu.
   4. Gaaffii maallaqaa kamiyyuu irratti mari'achuu.
   5. Haala kaffaltii mijeessuu.
   6. Tilmaamawwan kaffaltii kennuu.
   7. Dhukkubsattootaf yeroo gaafatamanitti herrega gadi fageenyan adda baafamanii tarreefaman kennuu.

E. Hospitaalli Miseensa Dhaabbata Northern Light Health, namni tokko gargaarsa argachuuf gahumsa qabaachuu fi dhiisuu isaa murteessuf ragaalee maddoota biroo irraa argaman irratti hundaa'uu danda'a.

II. BEEKSIISA TAJAAJILA HIN UWWISAMNEE (NON-COVERED SERVICES)

A. Tajaajila fayyaa, wal'aansa, baqaqsanii hodhuu, ykn qorannoo Imaammata Gargaarsa Maallaqaa kanaan hin uwwisamne tokko kennuun dura, hospitaalli dhukkubsataa tajaajilichi akka hin uwwisamne beeksisa barreeffamaa dhukkubsataadhaf dursee kennuu qaba.

B. Hospitaalichi beeksisa tajaajilichi kan hin uwwisamne ta'uu ibsu dursee yoo hin kennine, dhukkubsataa kaffaltii hin gaafatu. Inshuraansii fayyaa dhukkubsataa irraa kaffaltii tajaajila akkasiitif gaafachuun yeroo danda'amu garuu ni eeyyamama.

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

III. TARKAANFIWWAN IMAAMMATA GARGAARSA MAALLAQAA UUMMATA KEESSATTI BAL'INAN BEEKSISUU

Northern Light Health fi Dhaabbileen Miseensa ta'an isaa seera, dambii, fi qajeelfamawwan gargaarsa maallaqaa ilaalchisee dhukkubsattoota beeksisuu, kanneen armaan gadii dabalatee hunda ni kabaju:

A. Mallattoowwan maxxanfamanii fi beeksisawwan dhuunfaa odeeffannoo tajaajila kaffaltii malee ykn gargaarsa maallaqaa qaban, bakkeewwan uummataa hospitaala Dhaabbata Miseensaa keessatti, kanneen armaan gadii dabalatee (garuu kanneen qofa miti) argamu: Galmee Giddugaleessa/Bakka Dhukkubsataan Argatu, Bakkeewwan Kiliinikaa, bakka eegumsaa Kutaa Muddamaa, kutaawwan eegumsaa ogeesonni fayyaa hospitaala Dhaabbata Miseensa ta'een qaxaraman itti wal'aanan, bakkeewwan gorsitoota maallaqaa, fi Biiroo Daldalaa.

B. Garagalchoonni waraqaa Imaammata kanaa, Iyyata Gargaarsa Maallaqaa fi cuunfan jechoota salphaadhan qophaa'e bakkeewwan (A) jalatti ibsaman keessatti argamu, akkasumas akka qaama adeemsa fudhannaatti ykn gadhiisutti dhukkubsattootaadhaf ni kennamu.

C. Odeeffannoowwan, kanneen akka barruulee, fooldarii tajaajiloota/odeeffannoo dhukkubsattootaa fi/ykn bakkeewwan fudhannaa dhukkubsattootaa keessatti, akkasumas yeroo gaafatamanitti bilbilaan, interneetidhaan, ykn qaaman ni kennamu.

D. Beeksisni ifatti mul'atu waa'ee argamuu Gargaarsa Maallaqaa ibsu, lakkoofsa bilbilaa waajjira ykn kutaa hospitaala Dhaabbata Miseensaa odeeffannoo waa'ee Imaammata kanaa fi adeemsa iyyata Gargaarsa Maallaqaa kennuu danda'u, akkasumas URL ykn teessoo marsariitii irraa garagalchiwwan Imaammata kanaa, Unkaa Iyyata Gargaarsa Maallaqaa fi Cuunfaa Afaan Salphaatin Barreeffame argaman, ibsa kaffaltii hunda keessatti ni hammatama. Ibsi kaffaltii kun akkasumas odeeffannoo adeemsa kaffaltii irratti mormii dhiyeessuu of keessatti ni qabata.

E. Odeeffannoowwan uummataa fi/ykn unkaawwan gargaarsa maallaqaa ilaallatan hundi, imaammata kanaa, unkaa iyyata gargaarsa maallaqaa, fi cuunfaa Imaammata kanaa dabalatee, afaanota bakka tajaajilichi itti kennamu keessatti uummataan fayyadaarra oolaniin ni dhiyaatu. Odeeffannoowwan uummataa, unkaawwanii fi/ykn mallattoowwan maxxanfaman namoota beekumsa Afaan Ingiliffa gahaa hin qabneef kan hiikaman ta'a. Hiikawwan kunneen afaanota Ingiliffaan ala ta'anii, namoota 1,000 oliin ykn 5% (isa gadi ta'e) uummata hospitaalli Dhaabbata Miseensa sanaa tajaajiluun faayidaarra oolaniin ni dhiyaatu.

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

F. Iyyata Gargaarsa Maallaqaa, qajeelfamoonni, cuunfaa jechoota salphaadhan qophaa'ee fi imaammata kaffaltii gaafachuu fi sassaabuu marsariitii http://northernlighthealth.org/billing-help irraa argachuun ni danda'ama.

G. Northern Light Health, tarkaanfiiwwan ECAs nama tokko irratti fudhachuun dura, yoo xiqqaate guyyaa 30 dursanii, Imaammata Gargaarsa Maallaqaa hospitaala Dhaabbata Miseensa sanaa fi adeemsa Iyyata Gargaarsa Maallaqaa itti argachuu danda'an ilaalchisee afaaniin beeksisuuf carraaqqii gahaa ni taasisa.

H. Yeroo Iyyataa keessatti dhukkubsataan tokko kaffaluu akka hin dandeenye yoo ibse, gargaarsi maallaqaa akka jiru beeksifamee Unkaan Iyyata Gargaarsa Maallaqaa ni kennamaaf. Unkaa Iyyannoo Gargaarsa Maallaqaa fi qajeelfamoota karaa marsariitii http://northernlighthealth.org/billing-help argachuun ni danda'ama.

IV. MALA IYYATA GARGAARSA MAALLAQAA ITTIIN GALFATAN

A. Dhukkubsataan Unkaa Iyyata Gargaarsa Maallaqaa barreeffamaan argatee guutuu qaba, akkasumas ragaalee/sanadoota gahumsa qabaachuu mirkaneessuf barbaachisan hunda dhiyeessuu qaba. Ragaaleen/sanadoonni Unkaa Iyyata Gargaarsa Maallaqaatif barbaachisan qajeelfamoota Iyyata Gargaarsa Maallaqaa keessatti tarreeffamaniiru. Northern Light Health iyyata ykn sanadota deeggartuu ta'an kamiyyuu irratti mallattoo mirkaneessaa hin gaafatu.

B. Gahumsa Qaba Jedhamanii Yaadamuu (Presumptive Eligibility) - Murtii namni tokko odeeffannoo haala maallaqaa fi ragaa seenaa namoota gahumsa qabanii irratti hundaa'uun gargaarsa maallaqaaf ulaagaa akka guuteetti dursanii yaadan.:
   1. Namni tokko sagantaalee isteetii murtaa'an, fakkeenyaf SNAP, TANF, argachuuf gahumsa qaba;
   2. Namni tokko yeroo ammaa Medicaid argachuuf gahumsa qaba, garuu yeroo tajaajilichi kennametti gahumsa hin qabu ture;
   3. Namni sun mana-dhabeessa;
   4. Namni sun kan du'e yoo ta'u, qabeenya dhaabbataa beekamaa idaawwan hospitaalaa kaffalu danda'u hin qabu;
   5. Namni sun, Isteetin Seera Violent Crimes Victims Compensation Act (Seera Beenyaa Miidhamtoota Yakka Hamaa) ykn Seera Sexual Assault Victims Compensation Act (Seera Beenyaa Miidhamtoota Miidhaa Saalaa) jalatti gargaarsa argachuuf ulaagaa akka guute murteessedha.

C. Xalayaan seera qabeessi Iyyanni Gargaarsa Maallaqaa isaanii hayyamamuu ykn didamuu isaa beeksisu dhukkubsataa/kunuunsituudhaf ni ergama. Didame yoo ta'e, xalaayichi guutummaatti ykn gartuun kanneen armaan gadii ni qabaata:
   1. Sababoota murtii murtaa'oo ta'anii, fi

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

2. Ibsa iyyatichi mirga didamuu sanaaf dhaddacha haqaa argachuuf akka qabu ibsuu, fi
3. Qajeelfamoota haala dhaddacha haqaa akkasii itti gaafatan ilaallatan.

D. Iyyanni Gargaarsa Maallaqaa hospitaala Dhaabbata Miseensa Northern Light Health kamiyyuu irraa eeyyamame, hospitaala Dhaabbata Miseensa Northern Light Health biraa kamiyyuu irratti, guyyaa eeyyamame irraa eegalee ji'a jahaaf, mirga qabaachuu isaa murteessuf faayidaarra oola, kanneen armaan gadii yoo uumaman malee:
   1. Tajaajiloota ciibsanii wal'aanuu itti aansanii kennuu;
   2. Jijjiirama galii;
   3. Jijjiirama baay'ina maatii;
   4. Jijjiirama haala hojii;
   5. Dhukkubsataan ulaagaa Medicaid guutuu.

E. Namoonni adeemsa Iyyata Gargaarsa Maallaqaa fi gargaarsa Unkaa Iyyata Gargaarsa Maallaqaa ilaalchisee odeeffannoo dabalataa barbaadan, hospitaala Dhaabbata Miseensa Northern Light Health kamiyyuu qunnamuu danda'u. Tarreeffama hospitaalotaDhaabbata Miseensaa fi odeeffannoo qunnamtii marsariitii http://northernlighthealth.org/billing-helpirraa argachuun ni danda'ama.

F. Dhukkubsattoota Tajaajila Fayyaa Muddamaa barbaadan: Hospitaaloonni Dhaabbata Miseensa Northern Light Health, namoota gargaarsa Imaammata kanaan argachuu danda'an ykn hin dandeenye hundaaf, tajaajila fayyaa muddamaa (hiika seera Social Security Act (42 U.S.C 1395dd) kutaa 1867 keessatti) osoo gargar hin baasin, akkasumas akka seera "EMTALA" (Emergency Medical Treatment and Active Labor Act) fi Imaammata Sirna (System Policy) 21-007, Seerota Wal'aansa Muddamaa fi Dabarsuu (Emergency Treatment and Transfer Rules) jedhamuun ibsameen ni kennu. Hospitaalotni Dhaabbata Miseensaa Northern Light Health, namoonni dhuunfaa tajaajila yaalaa yeroo muddamaa barbaaduu akka irraa of qusatan gochuuf tarkaanfiiwwan fudhataman keessatti hin hirmaatan; fkf., haala yaalaa yeroo muddamaa irratti wal'aansa argachuu isaanitiin dura kaffaltii akka kaffalan gaafachuu ykn hojiiwwan idaa sassaabuu tajaajila wal'aansa yeroo muddamaa loogii tokko malee kennamu gufachiisan akka raawwataman eeyyamuun hin eeyyamamu.

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

V. TARKAANFIIWWAN SASSAABUU ADDAA (ECAS)

A. Ulaagaalee Waliigalaa ECAs Jalqabsiisun Duraa

Hospitaalotni Dhaabbata Miseensaa Northern Light Health, tarkaanfiiwwan Addaa Liqii Sassaabuu (ECA) kamiyyuu jalqabuu hin danda'an; kunis guyyaa hospitaalichi Dhaabbata Miseensaa Northern Light Health tajaajila sanaaf ibsa kaffaltii erga dhukkubsataan ba'ee booda yeroo jalqabaaf kenne irraa eegalee yoo xiqqaate guyyoota 120 darbuu qaba, akkasumas namni sun Imaammata Gargaarsa Maallaqaa (FAP) akka argatu irratti odeeffannoo argachuu qaba. Kana malees, ECAs jalqabuu dura, hospitaaloonni Dhaabbata Miseensa Northern Light Health, namni tokko FAP jalatti gargaarsa maallaqaa argachuu akka danda'u murteessuuf carraaqqii gahaa akkaataa **Kutaa 1** armaan gadii jalatti ibsameen taasisuu qabu. Yoo dhukkubsataan haala kaffaltii gahaa ta'e hospitaala Dhaabbata Miseensaa ta'e waliin mijeessuu danda'e, ECAs fudhachuun hin danda'amu. Dhumarrattis, ECA kamiyyuu jalqabuu dura, VP'n Faayinaansii, ykn qaamni bakka bu'e, hospitaalli Dhaabbata Miseensa sanaa namni tokko ulaagaa FAP guutuu isaa murteessuf carraaqqii gahaa taasisuu isaa fi imaammata kaffaltii gaafachuu Northern Light Health kabajuu isaa mirkaneessuu qaba. Murtii VP Faayinaansii (VP of Finance) ykn qaama bakka bu'ee malee ECA jalqabuun hin danda'amu.

1. Carraaqqii Gahaa

Yoo hopstitaalli Dhaabbata Miseensa Northern Light Health kanneen armaan gadii keessa tokko raawwate, hospitaalli Dhaabbata Miseensaa Northern Light Health, namni dhuunfaa tokko Imaammata Gargaarsa Maallaqaa (FAP) jalatti gargaarsa maallaqaatif ulaagaa guutuu isaa murteessuf carraa madaalawaa akka fudhateetti ilaalama: (i) namni sun murtii ulaagaa guutuu dursanii kennamu (presumptive eligibility determination) irratti ulaagaa akka guute murteesse; ykn (ii) guyyaa 15 keessatti erga iyyata fudhatee booda, odeeffannoo dabalataa yookaan ragaan (yoo jiraate) iyyata xumuruuf barbaachisu maal akka ta'e iyyataa ifatti ibse; yookaan (iii) guyyaa 45 keessatti erga iyyata gargaarsa maallaqaa guutame fudhatee booda, waa'ee Imaammata Gargaarsa Maallaqaa (FAP) nama sana beeksisee fi iyyata FAP namni sun dhiyeesse kamiyyuu (iyyanni sun guutuu ta'e yookaan hin guutamne ta'us) adeemsa armaan gadiitiin hojjete.

a. Murtii ulaagaa guutuu dursanii murteessan (presumptive eligibility determination) dabarsuuf, hospitaalli Dhaabbata Miseensaa odeeffannoo namni dhuunfaa sun hin kennine irratti yookaan murtii duraanii namni sun Imaammata Gargaarsa Maallaqaa (FAP) jalatti ulaagaa akka guute irratti hundaa'uun, namni sun gargaarsa maallaqaatif ulaagaa akka guute murteessuu qaba. Yoo namni dhuunfaa tokko akka gargaarsa maallaqaa muraasaaf ulaagaa guuteetti dursanii murtaa’e, garuu gargaarsa maallaqaa FAP jalatti kennamu keessaa isa olaanaa argachuu danda’u gadi ta’e murtaa'ef, hospitaalli Dhaabbata Miseensaa kanneen armaan gadii gochuu qaba:

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

i. Nama sana sababa murtii isaanii fi akkamitti gargaarsa caalu FAP jalatti argachuu akka danda'u beeksisuu qaba;
ii. ECA jalqabuu dura, namni sun gargaarsa caalu argachuuf akka iyyatu yeroo gahaa kennuu qaba; akkasumas
iii. Yoo namni sun Waqtii Iyyata keessatti unkaa iyyata FAP guutame gargaarsa caaluf dhiyeesse, tarkaanfiwwan **Kutaa 3** a armaan gaditti ibsaman fudhachuu qaba.

b. Nama tokkoof FAP ilaalchisee beeksisa gahaa kennuuf, hospitaaloonni Dhaabbata Miseensa Northern Light Health tarkaanfiwwan armaan gadii hunda fudhachuu qabu:
i. ECA tokko ykn isaa ol jalqabuu dura, yoo xiqqaate guyyaa 30 dursanii, FAP ilaalchisee karaalee armaan gadii **<u>hundaan</u>** nama sana beeksisuu qabu:
1. Nama sanaaf beeksisa barreeffamaa kennuu qaba; beeksisni kun namoota ulaagaa guutanif gargaarsi maallaqaa akka jiru ibsa, tarkaanfiiwwan Addaa Liqii Sassaabuu (ECA) hospitaalli Dhaabbata Miseensaa Northern Light Health kaffaltii argachuuf itti fayyadamuuf karoorfate adda baasa, akkasumas guyyaa xumuraa ECA jalqabuu danda'an ibsa. Guyyaan xumuraa kun guyyaa beeksisni barreeffamaa itti kenname irraa eegalee guyyaa 30 gadi ta'uu hin danda'u.
2. Beeksisa barreeffamaa wajjiin cuunfaa FAP jechoota salphaadhan qophaa'e dabalanii erguu.
3. Waa'ee FAP fi haala gargaarsa FAP itti argachuu danda'an afaaniin beeksisuuf carraaqqii gahaa taasisuu.

ii. Yoo namni sun Waqtii Iyyataa keessatti unkaa iyyata FAP **hin guutamne** dhiyeesse, hospitaalli Dhaabbata Miseensa Northern Light Health tarkaanfiwwan dabalataa **Kutaa 2** armaan gadii keessatti ibsaman ni fudhata.
ii. Yoo namni sun Waqtii Iyyataa keessatti unkaa iyyata FAP **guutame** dhiyeesse, hospitaalli Dhaabbata Miseensa Northern Light Health tarkaanfiwwan dabalataa **Kutaa 3** armaan gadii keessatti ibsaman ni fudhata.

2. **Tarkaanfiwwan dabalataa fudhachuu, yoo Iyyannoon FAP hin guutamne dhiyaate**
a. Ulaagaalee beeksisaa **Kutaa 1** armaan olii keessatti ibsaman kabajuutti dabalatee, hospitaaloonni Dhaabbata Miseensa Northern Light Health, iyyata FAP Waqtii Iyyataa keessatti osoo hin guutamin dhiyaate erga fudhatanii guyyaa 15 keessatti, nama sanaaf unkaa iyyata FAP akkamitti guutuu akka danda'u beeksisuu fi guyyaa iyyanni hin guutamne itti gale irraa kaasee guyyaa 30 keessatti carraa guutuu akka argatu gochuu qabu. Ulaagaalee kanneen guutuf, hospitaaloonni Dhaabbata Miseensa Northern Light Health kanneen armaan gadii hunda raawwachuu qabu:
i. Tarkaanfiiwwan Addaa Liqii Sassaabuu (ECA) jalqabuu dhiisuu; ykn ECA duraan jalqabame irratti tarkaanfii dabalataa fudhachuu dhiisuu.

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

ii. Guyyaa 30 keessatti beeksisa barreeffamaa odeeffannoo armaan gadii qabu nama sanaaf dhiyeessuu:
- Ibsa odeeffannoo fi/ykn sanadoota FAP jala jiran ykn unkaa iyyata FAP iyyata FAP guutuf dhiyaachuu qabanii.
- Odeeffannoo qunnamtii, kanneen akka lakkoofsa bilbilaa fi teessoo qaaman itti argamuu kanneen armaan gadii of keessatti qabaachuu qaba: (i) Waajjira ykn qajeelcha hospitaala Dhaabbata Miseensaa odeeffannoo waa'ee Imaammata Gargaarsa Maallaqaa (FAP) kennuu danda'uu; fi (ii) kanneen keessaa tokko: (a) waajjira yookaan qajeelcha hospitaala Dhaabbata Miseensaa adeemsa guutuu Iyyata Gargaarsa Maallaqaa (FAP) keessatti gargaarsa kennuu danda'u; ykn (b) dhaabbata bu'aadhaf hin hundoofne yoo xiqqaate tokko ykn mootummaa keessaa qaama hojii raawwachiiftuu tokko kan hospitaalli Dhaabbata Miseensaa iyyata FAP guutuu keessatti akka madda gargaarsaa jiru adda baase.

b. Yoo namni sun Waqtii Iyyata (Application Period) keessatti booda Unka Iyyata Gargaarsa Maallaqaa (FAP) guutame dhiyeesse, hospitaalonni Dhaabbata Miseensaa Northern Light Health adeemsa **Kutaa 3** armaan gadii keessatti ibsame hordofuu qabu.

3. **Adeemsawwan Dabalataa Yoo Unkaan Iyyata FAP Guutame Dhiyaate**
   a. Ulaagaalee beeksisaa **Kutaa 1** keessatti ibsaman guututti dabalataan, hospitaalonni Dhaabbata Miseensaa Northern Light Health namoota Waqtii Iyyataa keessatti unkaa iyyata FAP guutame dhiyeessan ilaalchisee, unkaa sana erga fudhatanii keessatti guyyaa 45 keessatti hojiiwwan armaan gadii hunda raawwachuu qabu:
      i. Tarkaanfiiwwan Addaa Liqii Sassaabuu (ECA) jalqabuu dhiisuu; ykn ECA duraan jalqabame irratti tarkaanfii dabalataa fudhachuu dhiisuu.
      ii. Namni sun gargaarsa maallaqaa FAP jalatti argachuuf gahumsa qabaachuu fi dhiisuu isaa guyyaa 45 keessatti murteessuu. Namni sun gargaarsa maallaqaa argachuuf gahumsa akka qabu yoo murtaa'e, hospitaalli Dhaabbata Miseensa Northern Light Health tarkaanfiwwan **Kutaa 3.b.** armaan gadii keessatti ibsaman fudhachuu qaba.
      iii. Guyyaa 45 keessatti murtii ulaagaa guutuu sana barreeffamaan namicha beeksisuu qaba; beeksisni sun gargaarsa namni sun argachuuf ulaagaa guute (yoo jiraate) fi bu'uura murtii sanaa ibsuu qaba.
   b. Yoo namni sun Imaammata Gargaarsa Maallaqaa (FAP) jalatti gargaarsa maallaqaaf ulaagaa guute ta'uun murtaa'e, hospitaalli Dhaabbata Miseensaa Northern Light Health tarkaanfiiwwan dabalataa armaan gadii fudhachuu qaba:
      i. Kaffaltii tajaajila yaalaa irratti namni sun akka Nama FAP jalatti Ulaagaa Guuteetti kaffaluu qabu caalaa kan kaffale kamiyyuu isaaf deebisuu qaba; haa ta'u malee, yoo maallaqni deebifamuu qabu $5.00 gadi ta'e, deebiin

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

hin kennamu Deebin kaffaltii kan kennamu tajaajila(oota) fayyaa iyyanni FAP nama sanaa ilaallatu **qofaaf** ta'a.

ii. Kaffaltii tajaajila fayyaaargachuuf ECA namicha irratti fudhatame kamiyyuu haquuf tarkaanfii madaalawaa hunda fudhachuu qaba; (fkf., murtii mana murtii haqsiisuu, mirga qabannaa ykn saamicha seeraa kaasuu, akkasumas odeeffannoo liqii irratti miidhaa geessisu gabaasa kireeditii keessaa haqsiisuu).

iii. Yoo namni sun gargaarsa maallaqaa kaffaltii bilisaa irraa kan hafe argachuuf ulaagaa guute ta'e, ibsa kaffaltii armaan gadii agarsiisu isaaf kennuu qaba: (i) maallaqa akka Nama FAP jalatti Ulaagaa Guuteetti kaffaluu qabu; (ii) maallaqni sun akkamitti akka shallagame; (iii) tajaajila yaalaa sanaaf AGB (Amounts Generally Billed).

VI. TARREEFFAMA DHIHEESSITOOTA TAAJILA FAYYAA MUDDAMAA YKN BARBAACHISAA TA'E KENNANII

Tarreeffamni Dhiheessitoota Gargaarsa Maallaqaa Northern Light Health, marsariitii http://northernlighthealth.org/billing-help, irratti kan argamu yoo ta'u, tarreeffamoota ogeessota hospitaala miseensa Northern Light Health kamiyyuu keessatti Tajaajila Muddamaa fi/ykn Tajaajila Fayyaa Barbaachisaa ta'e kennan, akkasumas ogeessota Imaammata kanaan uwwifaman adda baasu qaba. Northern Light Health yeroo yerootti tarreeffama kana haaromsuun sirrii fi waqtaawaa ta'ee akka turu ni taasisa. Haa ta'u malee, yeroon dhiheessaa haaran tokko tarreeffama keessatti itti hin hammatamne ykn haalli tajaajila dhiheessan tokko Imaammata kana jalatti hammatamuu ykn hammatamuu dhiisuu isaa ibsu tarreeffamicha keessatti battalumatti hin agarsiifamne jiraachuu danda'a. Northern Light Health, namoonni yeroo danda'ametti gorsaa maallaqaa Northern Light Health qunnamanii odeeffannoon ogeessa tokko ilaalchisee jiru sirrii ta'uu isaa akka mirkaneeffatan gorsa.

VII. HORDOFFII FI GABAASA

A. Galmeen Iyyata Gargaarsa Maallaqaa , isa gabaasni yeroo yerootti irraa qophaa'uu danda'u, ibsa faayinaansii biroo seeraan barbaachisan irraa adda ta'ee eegamuu qaba.

B. Sochiin Gargaarsa Maallaqaa , baasii tajaajiloota kennamanii shallagame irratti hundaa'udhaan hawaasaaf waggaa waggaadhan ni gabaafama.

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.

MADDOOTA
10-144 CMR ch. 150 Free Care Guidelines
22 MRSA 1716 Charity care and financial assistance programs provided by hospitals

SANADOOTA DABALATAA
(Sanadoonni dabalataa lamaanuu karaa marsariitii http://northernlighthealth.org/billing-help ykn karaa Liinkii Alaa Imaammata kanaa armaan ol jiruu argamuu danda'a.
Iyyata Gargaarsa Maallaqaa
Tarreeffama Dhiheessitoota Gargaarsa Maallaqaa

Sanadni kun koree(wwan) armaan gaditti eeramaniin gaafa guyyaa(oota) ibsameen eeyyamame:
Board of Directors, 4/28/2005, 9/25/2007 (unpublished), 8/16/2009, 6/16/2011, 6/13/2012, 10/8/2014, 6/22/2016, 10/4/2017, 10/2/2019, 10/07/2020, 06/09/2021, 10/11/2023, 5/27/2026
Board Governance Committee, 6/1/2011, 10/8/2014, 5/4/2016, 9/12/2017, 9/18/2019; 9/07/2023, 5/27/2026
Board Finance Committee, 5/8/2009, 7/30/2014, 5/25/2016, 9/13/2017, 9/16/2019, 8/20/2020, 06/02/2021, 5/31/2023, 1/28/2026, 4/29/2026
Leadership Council, 6/19/2012, 6/17/2014, 9/19/2017, 09/01/2020, 4/30/2021
Finance Council, 6/5/2014, 3/8/2016, 8/8/2017, 7/15/2020, 4/30/2021, 3/24,2023, 10/17/2025, 4/24/2026

Garagalchiwwan maxxanfaman ragaa QOFAAF fayyadu. Maaloo marsariitii irraa garagalcha elektirooniksii yeroo dhihoo ilaalaa.